# Gahee Ergaan Afseenota (Oral Narratives) Kanaan Duraa Sochii Siyaas-dinagdee Oromoo Har'aa Keessatti Qaban

**(**The Role of Oral Narratives in the Contemporary Political and Economic Developments of the Oromo)

Filee Jaallataa[1]


## *Axeerara*

*Matadureen kun, gahee ergaan Afseenota (Oral Narratives) kanaan duraa sochii Siyaas-dinagdee Oromoo har'aa keessatti qabu xiinxaluurrattii xiyyeeffata. Kaayyoo kana galmaan ga'uudhaafis gaaffileen bu'uuraa: Himamsi (orality)fi sochiin qabatamaa (practice) siyaas-dinagdee Oromoo haal kamiin walsimee jira? Gara fuula duraas fiixaan bahiinsa qabsoo kanaaf hammam tumsuu danda'a kan jedhan adda baasuu irratti xiyyeeffatee gaggeeffamee jira. Fiixaan bahiinsa hojii kanaafis maddi qorannoo mala sakatta'a barruutiin madda ragaa lammaffaa yommuu tahu, odeeffannoo dhimma kana irratti xiyyeeffatan walitti qabachuudhaaf ammoo iddattoon akkayyoo keessaa barruuwwan asfeenaa maxxansaalee adda addaa, beeksisoota, dhaadannoowwaniifi barjaalee adda addaa irraa walitti qabachuun mala xiinxalli afseenotaatiin (narrative analysis) gadifageenyyaan dhimma itti bahamee jira. Bu'aan qorannoo kanaa akka ibsutti, afseenonni siyaas-dinagdee Oromoo irratti xiyyeeffatan waggoottan shantaman as hayyootaafi qabsaa'ota Oromoon himamaa turan yeroo ammaa sabboonummaa Oromummaa, tokkummaa uumuu irratti gumaacha guddaa akka qabinedha. Akkasumas, miira abbaa biyyummaa Oromoo sammuu dhaloota haaraa keessatti kaneen uumaniifi Oromoonni kallattii kamiinuu walcinaa akka dhaabbatan taasisuu irra darbee, gabrummaa ofirraa fonqolchuuf xiiqii horuudhaan ga'e barsiisuu, gorsuufi dhoksuun akka meeshaa waraanaa sagalee maleeyyiittii tajaajilaa akka jiran ragaaleen qacceffaman ifoomsanii jiru. Karaa biraa, kallattii siyaasaan: Oromoon ofitti amantummaa akka horatu, wallaalaa ofii akka barsiifatu/gorfatuufi kanneen hinbaranne akka baratu, gabrummaa irratti tokkummaan akka fincilu, gita bittaa nafxanyootaa ofirraa fonolchuudhaan bilisummaa dhala namaa akka lallabuufi leellisu, ofiin akka ofbulchu, dinagdeedhaan akka ofijaaruufi ofcimsu, walcinaa akka dhaabbatu, akkasumas, qabeenyi uumamaa Oromiyaa dursa Oromoof akka oolu afseenonni hayyootaafi qabsaa'ota Oromoon darbaa turan finiina qabsoo siyaas-dinagdee Oromoo har'aaf ciicataafi meeshaa guddaa akka ta'an bu'aa ragaalee xiinxalaman irraa hubachuun danda'amee jira.*


***Jechoota Ijoo: Afseenaa, Afoola, Eenyummaa, Oromummaa, Sabbonumma***

## 1. Seensa

Oromoon Baha Afrikaa keessatti aadaa isaa kalaqatee jiruufi jireenya isaa ittiin gaggeessaafi jiraata ture; ammas itti jira; gara fuulduraas kan jiraatuufi dhalata Afrikaa akka tahe qorattoonni kanneen akka Feyisa (1998); Ehert (2002) fi Aseffaa (2010) barreessanii jiru.

Uummattoota gaanfa Afrikaa Bahaa keessa jiraatan keessaa Oromoon damee

[1] PhD; Pirofeesara Ittiiqaa; Yunvarsiitii Addis Ababaa, E-mail: odaabulluq2015@gmail.com

Kuush isa guddaa yommuu tahu, uummattoota Afirikaa keessaa baay'inaan sadarkaa olaanaatti argama. Lakkoofsi uummataa bara 2007 Itoophiyaa keessatti gaggeeffame irraa eegalee akka herrega baay'ina uummataa *(demographic calculattion)* hanga har'aatti baa'inni uummata Oromoon kitila (million) 50 yommuu tahu, Oromoota Keeniyaa keessa jiran miiliyoona shan wajjin gara miiliyoona 55 akka ta'udha. Haatahu malee, lakkoofsi kuni Oromoota sababoota adda addaan biyya alaa jiraniifi kanneen mannen hidhaa keessa jiran hindabalatu. Afaan adeemsa dhufaa darbaa dhala namaa keessatti dhalootaa gara dhalootaatti lufaa deemu keessattis safuu aadaa hawaasa tokkoo of keessatti qabatee kan deemu ta'uu Andrzejewski (1985) ibsee jira.

Hawaasni dhimma hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee isaa dhaloota tokko irraa dhaloota biroofi hawaasa biraaf kan ittiin dabarsu yookaan kan ittiin ibsu keessaa tokko afaanidha. Jiruufi jireeenya dhala namaa keessatti fakkeenyaaf, hariiroofi walitti dhufeenya afaaniifi siyaasaa hawaasa tokkoo qorachuu ilaalchisee, Joseph, (2004, f.347) yommuu addeessu, "*The study of language and politics is aimed at understanding the role of linguistic communication in the functioning of social units, and how this role shapes language itself".*

Yaanni armaan olii kuni kan nama hubachiisu, qorannoo afaanii hariiroo dhala namaa keessatti walitti dhufeenya cimsuu keessatti shoora qabaachuufi hariiroo isaanii kana ammoo kallattii qabsiisuudhaan waliigaltee uumuu keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaati. Qaama afaanii kan tahe afoollis adeemsa guyya guyyaa dhimma hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa uummata tokkoo keessatti akka meeshaa waliigalteetti taajaajiluun isaa beekamaadha. Yaada kana ilaalchistee Finnegean (1970), afoolli biyyoota Afrikaaf akka meeshaa waraanaatti taajajiluu keessatti gahee olaanaa akka qabu irra deddeebiidhaan ni ibsiti

Afoolli ogummaa barnoonni idilee daraan guddatee asittis aartiiwwan do'ii, diraamaafi ogbarruuwwan birootiin, afseenaan,… hawwataa tahan har'aafis lafee dugdaati. Namni lafee dugdaa malee lafaa akkuma olhinkaane ogbarruun har'aas afoola malee miidhagina qaba jedhanii afaan guutanii dubbachuun rakkisaadha.

Afoolli dubbii keessattis ta'e ogummaa barreeffama keessatti daraan barbaachisaa akka tahe Vicent (1994,f.97) yeroo ibsu: E*very human society is oral and over ninety percent of communication passes though oral.* Kana jechuun, afoolli dubbii miidhagsachuuf yookaan mi'eeffachuuf yookaan miira ofii guyyuu guyyuutti ittiin ibsachuuf gahee olaanaa akka qabudha. Yaada kan haala cimsuun, Esheten (2009, f.15) akkas jechuun ibsa.

> The folklore texts are endowed with what is known as expressive features; and these feature which are already spoken in a society need to be carefully explored. The identification of a particular metaphoric expression of oral narrative as part of a generic category and the way it conveys ideas in culturally accepted terms, require a skilful explanation.

Baanuu kuni akka ibsutti, afoolli hawaasa tokko beekumsaafi yaada hawaasichaa haala gadifageenya qabuufi jidduu galeessa godhateen karaa bilchina qabuun yoo xiinxalame keessoofi eenyummaa hawaasichaa ibsuuf gahee olaanaa qaba.

Afoolli tooftaa hawaasni tokko miira isaa waliif dabarsu yookaan hawaasa biraaf afaaniin (*orally*) karaa ittiin dabarsudha. Afoolli labata tokko irraa gara isa dhufuutti kan darbu afaaniinidha. Yaada kanas Austin (1994, f.85) yommuu ibsu: *Oral literature is the heart of peoples' way of life. It is the very soul of life of their culture* jechuun ibsee jira. Afoola kanas dameewwan adda addaatti qooduudhaan Okpewho (1992,f.5) yemmuu ibsu, seeneffamoota afoolaa, walaloo afoolaafi qareeyyiidha jechuun bakka gurguddaa sadiitti qoodeera. Seeneffamoonni afoolaa kunneenis sammuu keessatti kalaqamanii jaargocha dhangala'aadhaan kanneen himaman, oduu durii, ragamtaa, sheekkoo, baacoo, himiinsa ijoollee, himiinsa goototaadha.

Qorannoo kana keessatti jechi **afseenaa** *(oral narrative)* jedhu; jechamoota (oral sayings) Oromoonni waltajjiilee addaa addaa irratti dubbatan (bar-tokko abalu akkas jedhee ture) jedhamuun akka ergaa dhaamsa cimaa qabutti kanneen leelliffaman, uummata keessatti bara baraan dubbataman isaanis: bifa barreeffamaan jiran, barjaaleefi miidiyaalee adda addaan maxxanafamaniifi otoo hinmaxxanfamiin jiran kan walitti qabatudha.

Seeneffamoonni afoolaa bifa walaloon utuu hintaane, haala seenessuutiin sammuu keessatti uumamuudhaan kan himaman ta'uu Fedhasaa, (2013,f.34) yemmuu ibsu:

> Seeneffamoonni afoola keessatti kalaqamanii afaaniin kan himamaniidha. Seeneffamoonni afoolaa seenaalee sammuu, taateewwan bara durii seenessu. Ergaa tokko dabarsuuf, dhugaa irratti hundaa'uun kalqamu; yookaan dhugaa irraa maqaniis nihimamu. Walitti dhufeenya waaqaafi namaa, uumamaafi uumaa, namaafi naannoosaa seenessu;kaan dhugaa fakkaatu; gariin immoo amanuuf nama shakkisiisu. Haala kanaan afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu.

Waraabbii kana irraa kan hubatamu, seeneffamoonni afoolaa sammuu dhala namaa keessatti kalaqamaniis ta'e, taateewwan bara durii iyyaafatamee mirkanaa'uu kan danda'an kan seenessanidha. Seeneffamoonni dhimma seeneffamaniif sana waliin cimsanii walqabatu. Haalaafi yoomeesa (*context and settings*) keessatti seeneffamaniifi gochoota irraa seeneffaman sana waliin walitti hidhamummaa qabu (Finnegan, 1970, f.10). Akka kanaan, seeneffamoonni seenessitootaafi dhaggeeffattoota fuulaan walitti fiduun jamaa barsiisuu, qeequu, bashannansiisuufi gorsuun jiruufi jireenya hawaasummaa qajeelchu. Seenaan seeneffama sana keessatti himamu sunis, hirmaannaa jamaatiin mirkanaa'a; hiikni isaas haalichaafi yoomeessa seeneffamni sun keessatti dhiyaatu keessatti murtaa'uu dandaha.

Afoolli rakkina, hacuccaa/roorroo, dararama kanaan dura darbe ittiin yaadachuuf,

dhaloota dhufuuf falaasama, eenyummaa, seenaafi aadaa hawaasa tokkoo ittiin ibsuufi barsiisuuf gahee olaanaa qaba. Afoolli akkaataa aadaafi miirri hawaasa tokkoo haala ofeeggannoo qabuufi gadifageenya qabuun qaacceffamuufi xiinxalamuu akka qabu Esheten (2008, f.15) akkas jechuun ibsa.

> The folklore texts are endowed with what is known as expressive features; and these feature which are already spoken in a society need to be carefully explored. The identification of a particular metaphoric expression of oral narrative as part of a generic category and the way it conveys ideas in culturally accepted terms, require a skilful explanation.

Baanuu (quoatation) uni akka ibsutti, afoolli hawaasa tokko beekumsaafi yaada hawaasichaa haala jidduu galeessa godhateefi karaa bilchina qabuun yoo xiinxalame miira, quuqaa, keessoofi eenyummaa hawaasichaa ibsuuf gahee olaanaa qaba.

Oromoonis uummata afaan isaa afaan barreeffamaa hinta'in ture yemmuu ta'u, ogbarruun isaa harki caalaan afoola isaati. Afaan Oromoo ogbarruu barreeffamaatiin mul'achuu eegaluun isaa seenaa waggoota dhiyoo ta'uu Misgaanuu (2011, f.6) yammuu ibsu, uummatni kunis afoolaan fayyadamee waa'ee aadaa, amantaa, siyaasa, dinagdee, guddina, qaroomina afaanii, safuufi duudhaa isaa ibsachaa kan tureefi ammas ittiin ibsachaa jira.

Mataduree"Xiinxala Gahee Ergaan Afseenotni (Oral Narratives) Kanaan Duraa Sochii Siyaas-dinagdee Oromoo Har'aa Keessatti Qabu" jedhu yommuu ta'u, afseenaan *(oral narrative/sayings)* dhimma siyaasaafi dinadgee Oromoo irratti xiyyeeffatee hayyoota Oromotiin himamaa, akka dhaadannootti dhiyaachaa, dubbatamaafi barreeffammaa, kanaan dura dhaloota irraa dhalootaatti darbaa ture sochi siyaas-dinagdee Oromoo yeroo ammaa kana keessatti gahee akkamii akka qabu xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha.

Ragaaleen qorannoo akka ibsanitti afaan (afoolli) siyaas-dindagee uummata tokko karaa sochii, sirbaan, faaruun, himamsaan, dhaadannoon, do'iidhaan,… ibsuu, barsiisuufi qeequu irratti meeshaa olaanaa akka tahe ibsu. Kanneen keessaa, Eshete (2008) afoolli Oromoo jiruufi jireenya hawaasummaafi dinagdee, akkasumas siyaasa Oromoo ibsuu keessatti humnaafi gahee olaana akka qabu addeessee jira.

Haaluma walfakkaatuun, yaada armaan olii kana kan cimsu, Asafan (1998, f.39) humna, gaheefi barbaachisummaa afoola Oromoo jiruufi jireenya Oromoo keessatti qabu yommuu balballoomsu:

> Oromo (oral) literature… expresses Oromo nationalism": Oromummaa (Oromoness), gootummaa (patriotism), bilisummaa (liberation), gadaa haaraa (renewed Oromo Democracy), mootummaa (state), nagaa Oromoo (peace for all Oromoo), and finna (development). These lay a fertile ground for the Oromo literary and critical practice to date, I believe, in

such a nation engaged in national struggle for independence.

Waraabbii kan irraas wanti hubatamu afoolli Oromoo sabboonumaa Oromootaa, birmadummaa Oromiyaa, gootummaa, tokkummaa, safuufi safeeffannaa Oromoo, kunuunsa qabeenya uumamaa, falaasama, walumaagalatti, jiruufi jireenya uummata Oromoo kallattii hawaasummaa, dinangeefi siyaasaan fedhiifi ilaalcha uummata kanaa ibsuu keessatti gahee olaanaa akka qabudha.

Qaama afoolaa keessa tokko kan tahe afseenaan Oromoos hayyoota, gootota, beektota siyasaa, hoggantootaafi qabsaa'ota falmitoota mirgoota dhala namaa Oromootaan kanneen dhiyaachaa turan yommuu tahu qabiyyeefi ergaawwan afseenaawwan kanneenis: dhimma kunuunfannaafi abbummaa (*ownership*) qabeenya Oromoo, tokkummaa, beekumsa, barnoota, eenyummaa, bilisummaa Oromoofi birmadummaa Oromiyaarratti yaada, deeggarsa, aantummaa, quuqamaafi xiiqii akkasumas adeemsaafi ejjennoo siyaasaa Oromoofi Oromiyaa gara fuul-duraa irratti tahuu qabuufi ofeeggannoo Oromoo taasisuu qabu irratti qabiyyeewwaniifi ergaawwan afseenaawwan kunniin gaheefi humna afseenaan Oromoo sochii siyaas-dinagdee Oromoo har'aa keessatti qabu irratti fuulleffatee gaggeeffamee jira.

Haaluma kanaan qorannoon kun gaaffilee: Eraan affeenota Oromoo jiruufi jireenya Siyaas-dinagdee Oromoo har'aa keessatti gumaacha akkamii qabu? Himamsi (orality)fi sochiin qabatamaa (practice) siyaas-dinagdee Oromoo haal kamiin walsimee jira? Gara fuula duraas fiixaan bahiinsa qabsoo kanaaf hammam tumsuu danda'a? kan jedhurratti xiyyeeffatee gaggeeffamee jira.

## 2. Malleen Qorannoo

Qorannoon kun odeeffanno sakatta'a barruu (*text analysis*) irraa argame irratti kan xiyyeefate yommuu tahu, fiixaan bahiinsa qorannoo kanaafis yaadiddama Ta'iinsa Barruu (*Hermeneutic Phenomenology)* kan hojiirra oole ta'ee kun ammoo taatee tokko muuxannoofi seenaa jiruufi jireenya uummanni tokko dabarseefi dabarsaa jiru irratti hundaa'uudhaan qabiyyee barruu tokko xiinxaluun ibsuu irratti xiyyeeffata (Kafle, 2011).

Akka yaada kanaatti, barruu jechuun wantoota barreeffamanii jiran qofaa osoo hintaane dameelee afoolaa kanneen akka oduu-durii, afseenota, himamsa, ragamtaafi kkf dabalata. Odeeffannoo dhimma kana irratti xiyyeeffatan walitti qabachuudhaaf ammoo iddattoon akkayyoo hojiirra oolee jira.

Haaluma kanaan, madden odeeffannoowwan irraa ittiin walitti qabaman baroota mootummaa Dargii irraa hanga har'aatti kanneen hayyoota, qabsaa'ota, goototaafi hooggantoota siyaasaa Oromoo tahaniin himaman barruuwwan, akka dhaadannootti, dhiyaata, barjaalee, maxxansaalee, kitaabbilee seenaa adda addaa, miidiyaalee sabaa-himaalee irraafi muuxannoofi qabsiisa yaadannoo (*field notes*) qorataan qabu irraa kanneen ijoodha.

Odeeffannoowwan walitti qaban kunniinis gam-tokko kaameraadhaan suura

kaafamanii gara barreeffamaatti jijiiruudhaan, kanneen biroon ammoo qabsiisarraa gara barreeffaamaatti erga jijiiramee booda akkaataa qabiyyeefi ijoo mataduree qorannootiin walduraa duuba gaaffilee bu'uraatiin qindaa'anii sakatta'a barruuwwaniifi saxaxa qorannoo waliin walsimsiisuudhaan ruuqolee sakkoo qorannoof xiyyeeffannoo kennuudhaan xiinxalamanii jiru.

Malli ragaaleen kunniin ittiin xiinxalame ammoo garee akkamtaa keessaa xiinxalli afseenaa (*narrative analysis*) hojiirra oolee jira. Xiinxalli afseenaa ilaalchisee Ezzy (2002, f.99) yommuu balballoomsu:

> Narrative analysis focuses to identify the cultural and social context that facilitates the everyday practice of telling stories about oneself and one's world: 'Understanding the meaning and significance of a story requires understanding how it is communicated within or against specific cultural discourses and through specific narrative strategies and linguistic practices.

Akka baanuu kanaatti, ergaawwan afseenaa yeroo adda addaafi yoomessa adda addaa keessatti raawwatan haalaafi taateewwan sochii jiruufi jireenya uummataa irratti hundaa'uudhaan xiinxaluu irratti kan xiyyeeffate yommuu ta'u, odeeffannoon kallattii qorannoo kanaan walitti qabanis gosa xiinxala afseenaatiin gadifageenyaan akka armaan gadiitti xiinxalamanii jiru.

## 3. Xiinxala, Argannoofi Ibsa Ragaalee

### 3.1 Seensa

Ragaalee afseenota Oromoo malleen qorannoo kanaa odeeffanoowwan adda addaatiin walitti qaban xiinxaluun arruuleefi qorannoowwan kallattii kanaan walitti dhufeenya qaban namoota biyya keessaafi biyya alaatiin barreeffaman waliin walbira qabuudhaan dhimmoota dinagdee, hawaasummaafi siyaasaa Oromoofi Oromiyaa irratti walduraa duubaan dhiyaaatnii jiru.

Kana jechuunis, ragaaleen afseenaa armaan gaditti xiinxalaman kunniin yoomessa *(setting)* akkamii keessatti himamaa akka turaniifi haala *(context)* siyaasaa yeroo himamasaa sana irratti xiyyeeffachuufi kallattii sanaanis miirri uummata Oromoos afseenaa kanneen haala kamiin hubachaafi hiikaa akka ture walbira qabuudhaan ibsamanii jiru.

Qorannoo kana keessatti **afseenaa** jechuun himamsa afaanii (*oral narratives*), kanneen akka makmaaksaatti (*proverbs*), akka jechamaatti (*sayings*) namoota siyaasaan, hayyootaafi hooggantootaan, akkasumas uummataan dhimmoota dinagdeefi siyaasa Oromoo irratti yeroo adda addaa dubbatamaa turan keessaa akkayyoon filamanii kanneeen muraasa irratti xiyyeeffachuun akkaataa qabiyyee isaaniitiin qoqqooduun akka armaan gadiitti xiinxalamanii jiru.

#### 3.1.1. Afseenaa Dinagdee

Sochii jiruufi jireenya uummata tokkoo keessatti dinagdeen gahee olaanaa qaba. Dinagdee malee hariiroon hawaasummaanis tahe fedhiifi sochiin siyaasaa galma

ga'uu hindanda'u. Kana waan ta'eef, mataduree kana jalatti qabiyyeefi ergaawwan afseenaa dhimma lafaafi lafee Oromoo wajjin kanneen walqabatan namoota Oromoo tahaniifi Oromoo hintaaneen kanneen himaman akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.

#### 3.1.1.1 Kallattii Kaminuu Daangaa Oromoo Kan Dhiibu Diina Oromooti (A/Gadaa Walaabuu , A/Gadaa Jiloo, bara 1550, OMN)

Himamsi kuni waggoota hedduun dura kan himame, kunis dhaloota irraa dhalootatti afaaniin darbaa kan dhufe ta'uu isaati. Himamsi bara 1550 darbe kunis kan ibsu, Oromoon durii kaasee lafa isaa akka lubbuufi dhala isaatti kan ilaalu, kunuunsu, barnoonni ammayyaa otoo hinbabal'atiin abbaa biyyummaa isaafi sabboonummaa Oromoo cimsee kan beeku akka ta'e afseenaa armaan olii kana irraa hubachuun nama hinrakkisu.

Karaa biraa, abbootiin Gadaa duraanii kanneen akka **A/'Gadaa Jiloo,** ulaagaalee gadoomaa sona Gadoomaatiin aangootti dhufanii biyyaa bulchaa turan dursa kan isaan kennaa turan aantummaa uummata isaaniifi biyyaa bulchaniif malee fedhii dhuunfaa isaanii guuttachuufi fedhii miseensa paartilee kanneen dantaa isaanii eeganii guutuuf akka hintaane ragaa argame kana irraa hubachuun nidanda'ama.

Kanaaf, Abbaa Gadaa jechuun kan uummata bulchu qofaa otoo hintaane daangaa biyyaa kabachiisuu keessattis gaheefi dirqama waan qabuuf bara turtii aangoo isaanii, waggoota saddet keessatti nagaafi nageenya uummataa eeguufi eegsisuu cinaatti, daangaa biyyaa kabachisuunis dirqama isaanii akka ta'e; kanneen akka dhuunfaattis ta'e akka gareetti, daangaa biyyaa cabsan irratti ammoo waraana abbaa biyyumma kabachiisu labsuudhaan mirga abbaa biyyummaa uummataa kabachiisuun qaaama (Paartii Siyaasa Gadaa) aangoo itti aanu fudhatutti dabarsanii kennuun aboo hooggansaa gara fuula duraatti biyya bulchanii akka ta'e ergaa afseenaa armaan olii irraa hubachuun nidanda'ama. Abbbaan Gadaa tokko aangootti dhufuufi aangoorra turuun isaa kan mirkanaa'u keessaa tokko daangaa biyyaa kabachiisuu akka tahe ragaaleen qorannoo (Asmerom, 2006) ni ibsu.

Haaluma kanaan himamsi ***Kallattii Kaminuu Daangaa Oromoo Kan Dhiibu Diina Oromooti*** kan jedhu kun guyyaa har'aa kana jechuun "Miidiyaa *Dhugaa" (Youtube)* jedhuun Adoolessa 28, 2025 dhimma daangaa Oromoo Kibba Oromiyaa, Magaalaa Moyyaletti taasifamaa ture. Akka falaasama Oromootti lafti bu'uuraafi lafee dugdaa dinagdee Oromoo Waaqayyo irraa kennameefii akka ta'e beekamaadha. Kanafuu, dhaadannoowwan hiriira nagaa kan irratti dhiyaatan keessaa: *Moyyalleen Kan Ormooti; Moyyaleen Balbala Oromiyaati; Lafti Keenya Lafee Keenya; Daangaan Keenya Dhiiga Keenyaan Tikfama*,.. kanneen jedhaman keessaa muraasadha. Mormiin dhiibuu daangaa Oromoo godinoota Baalee, Harargefi Booranaa, akasumas Wallaggaa Lixaa, Horroo Guduruu Wallaggaafi Wallaggaa Bahaa keessatti taasifamee jirus dhaadannoo mormii kanarratti dhiyaatanii jiru.

Ka'umsi mormii ibsamaa ture kanaas: Booranaatii: aanaale: Moyyaalee, Liiban, Dubluq, Harariitti ammoo Cinaaksan, Godina Baalee keessatti aanaa Madda Walaabuufi kanneen biroo; mootummaa Somaaleef murtaa'ee kennamee, mootummaan naannoo Somaaleef aanaalee kanneen keessatti alaabaa naannoo isaa dhaabbate jirachuun mormiin daa'immanii hanga manguddoo waggaa 70ti gaggeessaa jirus dhaadannoon bara 1550 hanga har'aatti taasifmaa jiru dhaadannoon kun finiinaa akka jiru ibsuun isaa afoolli waggootaan otoo hindaangahiin miiraafi mormii, fedhiifi gaaffii uummata dhaloota dhalootaatti dabarsuuf akka meeshaa humna waraanaa humnaafi tajaajilaa guddaa qabu mirkaneeffachuun ni dandahama.

### 3.1.1.2 Finfinneen Ol-malee Dalga Guddachuu Hinqabdu (Hasan Alii)

Finfinneen handhuura Oromoofi Oromiyati. Handhuurri dhala namaa wiirtuufi barbaachisummaa qaama namaa keessaa murteessaa akkuma ta'e, Finfinneenis jiruufi jireenya, wiirtuu Oromiyaa, akkasumas, Finfinneen, onnee, kalee, ijaafi gurra Oromoo walumaagallatti, Finfinneen qaama miira shanan Oromooti jechuun nidandahama. Mirkana kanaafis Qabsoon Qeerroo Oromoo Maasterpilaaniin walqabatee Koyye Facceetti taasifame seenaa yeroo dhiyoo sammuu Oromootaa keessaa qofaa otoo hintaane kanneen Oromiyaa dhiphisuufi Oromoo huqqiisisuuf hojjechaa jiran keessaas waan badu miti jechuun nidandaha'a

Afseenaan akka raajiiffi mul'ataatti waggaa 20 dura himaame kanas kan dubbatame, obbo Hasan Alii bara EPRDF Pirez. MNO jalqaba turaniinidha. Abbaan Afseenaa kuni pirezidaantii MNO kessaa Abbaa biyyumaa Oromoo irratti pirazidaantota MNO hanga yoonaa turan keessaa nama quuqamaafi aantummaa uummata isaanii qaban akka turan ragaaleen adda addaa ni ibsu. Obba Hasanis aangoo irra yeroo turan mootummaan EPRDF lafa Oromoo naannoo Finfinnee beenyaa gahaa malee OromooTuulamaa lafaafi qe'ee isaarraa buqqisuudhaan maqaa misoomatiin seeraan daangaa babal'isaa turan mormuudhaan ejjennoo isaanii kallattiidhaan ibsaa turuu isaanii afseenaa armaan oliin cinaatti waraabbiin armaan gadii kana irraas hubachuun nidandahama.

> Addis Ababa under Oromia state constitution is a bit unstable. The first Oromia State constitution in its article 6 determined Finfinnee [Addis Ababa] as a capital city of Oromia. Later in 2001, this constitution is revised its article 6 and moved back its capital to Adama, 100 K.M east of Addis. Yet again in 2005, when CUD16 won the election in Addis Ababa city, OPDO decided to re-revise the constitution article 6 to return its capital to Addis Ababa before power transferred from EPRDF, which OPDO is a member, to the winners CUD. To sum up Addis Ababa, legally, is a capital city for both the Federal government and the Oromia regional state, keep the notion of an unimplemented and never intended to, legal jargon, 'special interest' in its back door. (Yosef, 2016,10).

Karaa biraa, Magaalaa Finfinnee keessaafi naannoodhaa uummata garee tokko (keessumaa, Oromoo Tuulamaa) buqqisanii, saba biraa bakka biraatii fidanii seeraan ala qubachiisanii seenaafi Ardaa Jilaalee Oromoo balleessanii biyya Itoophiyaa jedhamtu guddifna jechuun yeroo sanatti akka obbo Hasanitti fudhatama hinqabu. Kaanarra darbees hanga har'aattuu dhaloonni haaraafi quuqamtoonni sabboontonni Oromoo hedduunis kanuma kaasaa jiru.

Akkuma armaan olitti (3.1.1 ibsame; hiriirri mormii daangaa Oromoo dhiibuu ilaalchisee, *Adoolessa 28, 2025 Kibba Oromiyaa, Magaalaa Moyyaletti taasifamaa ture. Dhaadannoowwan hiriira nagaa kan irratti dhiyaatan keessaa: Moyyalleen kan Oromooti; Moyyaleen Balbala Oromiyaati; Lafti Keenya Lafee Keenya; Daangaan Keenya Dhiiga Keenyaan Tikfama,..* jedhaman taasifames afoolli jiruufi jireenya uummat tokkoo ibsuudhaaf humnaafi umurii dheeraa qabaachuu isaa kan mirkaneessudha.

Afseenaan Obbo Hasan Aliitiin waggoota digdamman dura himame kunishanga ha'raayyuu furamuu dhabuun isaa qofaa otoo hintaane isa durii caalaa daraan saamichi lafaa hanga maastarpilaaniitti seeraan labsamee itti fufee jirachuun isaa hubachuun nama hinrakkisu.

Akka obbo Hasanitti, lafa Oromoo jaallatanii uummata Oromoo buqqisuufi naannoo Oromiyaa dhiphisuun biyya kana irratti rakkoo nagaafi tasgabbii dhabamsiisuu fiduu dandaha. Kanaaf, Oromoon bakkuma qe'ee Abbaa isaatti kabajamee, Finfinnee waliin guddatee, guddina Finfinnee keessattis qooda qabaatee jiraachuu qaba kan jedhu dhaamsa ofkeessaa qaba.

### 3.1.1.3 Lafti Keenya Lafee Keenya ( Obbo Baqqalaa Garbaa)

Falaasama Oromoo keessatti lafee jechuun lubbuu, dhugaa, emaanaa, qaccee, latiifi latoo, waadaa, irbuu jechuudha. Oromoon gaafa waadaa seenuu; *Lafeen haadu'u* jechuun firri haadu'u, kana jechuun ammoo waadaa waadaa caalu seenuudha. Lafee koo jechuun finna koo, dhiiga koo jechuudha. Qaamni dhala namaas tahe kan lubbuu qabeeyyiin lafee malee dhaabbachuu hindandahu; Biyyis lafa malee maqaafi daangaa hinqabdu. Namni rakkina finna isaafi dhiiga isaaf hinbirmanne namooma akka hinqabneetti ilaalama.

Afseenaan kun qabsaa'aa Oromoofi Oromummaa gameeyyii keessaa tokko kan ta'e obba Baqqalaa Garbaatiin dubbatatame kunis nafxanyoonni dhiigaafi lafa Oromoofi Oromiyaa saamuudhaaf labsiin **maasterpilaanii** labsamee dhiigni Qeerroofi Qarree Oromoo **Koyyee Faccee**fi naannoo Oromoo Tuulamaa kallattii (Hulaa shananiin) keessatti dhangala'aa ture Oromoon hundi kallattii hundaan saamicha lafa Oromoo hanbisuu irratti waliif akka birmatu gahee olaanaa taphatee jira.

Barbaachisummaan isaa qomee irratti (**T-shirt**) irratti "**Lafti Keenya Lafee Keenya"** jedhu barreeffamee Qeerroofi Qarree Oromoo afseenaa Baqqalaa Garbaatiin dubbatatame kana Lahpee irratti maxxanfatee keessoofi aantummaa

afseenaa kanaaf qabu ibsachaa ture, ammas itti jira. Kunis kan ibsu, himamsa Baqqalaa Garbaa kana keessaa dubbii qolaa akkasaa/Iddeessa kana itti fayyadamee barbaachisummaa lafa Oromoo afseenaa kanaatiin miira isaafi miira Oromoo ibsee jira. Kana jechuun isaas namnis lafee malee biyyis lafa malee jiraachuun waan hindanda'amneef, lafa keenya akka lafee keenyaatti ilaaluudhaan halkaniifi guyyaa eeggachuun barbaachisaa akka ta'e afseenaa kana irraa hubachuun nidandahama.

Waa'een dhimma lafa Oromoo kuni qabsaa'ota Oromoo qofa otoo hintaane qabsaa'ota mirga dhala namoomaa sadarkaa addunyaatti beekamaniinis Afaan addunyaatiin *(English)* fudhatama guddaa argatee akka jiru afseenaa armaan gadii irraa hubachuun nidandahama.

#### 3.1.1.4 Dubbiin Lafaa Dubbii Lafeeti (The matter of land is the matter of life; Bonnie k. Holonmkomi, Qabbanee)

Piroofessar Bonnie Olonkom (Qabbanee), hayyuu xiinwaasaa (*anthropologist*) sadarkaa addunyaatti beekamtuu taatee yeroo dheeraadhaaf beekumtaa (*folklore*) Oromoofi qabeenya uumamaa Oromiyaa irratti dubartii qorannoo hedduu sadarkaa addunyaatti gaggeessite kanaanis beekamtii guddaa argattee jirti. Himamsi kunis, qorannoo Idila Addunyaa arfaffaa Yunvarsiitii Jimmaatti, Waxabajjii 21-22/2019 gaggeeffame irratti waraqaa qorannoo ishee keessatti ibsitee trtes kauma ibsa.

Pirofessar Booonnie, H., jaalala Oromoofi lafaa Oromiyaaf qabdu irraa kaatees maqaa ishee Qabbanee jettee kan moggaaffate dubartii gameettiin biyya alaa (faranajiin) kun, ilaalchi Oromoon lafa isaaf qabu gadifageenyaan waan beektuufi qorannoo adda addaa sagantaaleefi bakkeewwan adda addaatti gaggeessitee jirtuirraa kaatee afseenaa miira Oromoo ibsu kana himuu dandeesee jirti**.**

## 3.2 Afseenaa Siyaasaa

Jiruufi jireenya dhala namaa keessatti siyaasni afaan irraa adda bahanii akka hinjiraanne, yookaan akka hinibsamne kannen akka Joseph (2004) barreessanii jiru. Siyaasni afaan malee, afaan ammoo kallattii Waallee Liixxatiin *(political discourse)*, xiinsammuu *(political psychology)*, weedduufi weelluun, sirbaafi faaruun,.. isa kananu duraa yaadachiisuudhaan, isa ammaa ibsuudhaafi isa gara fuulduraas raaguufi raajuudhaan keessoo uummataa ibsuu keessatti gahe olaanaa qaba. Himamsi armaan gadiis kanuma ibsa

### 3.2.1 Namni Hundi Barachuu Qaba; Sababiin Isaas Nama Baratetu Mirga Isaa Gaafata *Janaraal Taaddasaa Birruu, JTB)*

Janaraal Taadasaa Birruu, Sahwaa kaabaa ona Salaalee bakka addaa hidhabuu Abooteetti bara 1920 dhalate. JTB sabboonaa Oromoofi qabsaa'aa mirga dahla namaa ta'ee qabsoo Bilisumma Oromoofi sochii Waldaa Maccaafi Tuulamaa keessatti gahee olaanaa taphatee ture. Bara 1960 keessa sababa fonqolcha mootummaa Hayile Sillaaseetti Jaagamaa Keellootiin ganamee qabamee gootota

Oromoo kanneen akka Haliiu Raggaasaa wajjin qabamee bara 1975 bitootessa 18 akka ajjeeffame seenaan isaa ni ibsa.

Janaraal Taadasaa Birruu, sabboonaa Oromoofi qabsaa'aa mirga dhala namaa ta'ee qabsoo Bilisumma Oromoofi sochii Waldaa Maccaafi Tuulamaa keessatti gahee olaanaa taphatee ture. Bara 1960 keessa sababa fonqolcha mootummaa Haile Sillaaseetti Jaagamaa Keellootiin ganamee qabamee gootota Oromoo kanneen akka Hayiluu Raggaasaa wajjin qabamee bara 1975 bitootessa 18 akka ajjeeffame senaan jireenya isaa ni ibsa.

Bara gita bittoonni, abashootaa lafaafi lafee Oromoo cabsaafi saamaa turan keessaa JTB lubbuu isaa tokkitiitti murteessee uummata isaa cinaa yeroo itti dhabbachaa turetti uummata isaa dammaksiidhaan ofcinaa hiriirsuu afseenaa armaan olii kana akka dubbate ragaaleen barreeffamaa adda addaa ni ibsu. Bara sana keessaa JTB mootummaa Hayile Sillaasee keessaa aangoo yoo qabaateyyuu diinaafi hacuuccaa gita bittootaan otoo gadi hinjedhiin Oromoo qofaa otoo hintaane namni hunduu barachuu akka qabu labsuu isaa ragaa armaan olii kana irraa hubachuun nama hinrakkisu.

Bara sana keessaa JTB afseenaa kana kan dubbate sirni gita bittaa yeroo sanaa namni Akliliuu H/ Wald jedhamu *Oromoon kutaa afur darbee barachuu hinqabu: yoo barate akka galaanaa nurra galgala* jedhee kaayyoo gita bittootaa akka labsiitti dabarsee ture. Haat'u malee, JTB ammoo hacuuccaa kana cabsuudhaaf uummata isaafi sabaafi sablammoota Itoophiyaa biroo kanneen hacuuccaa akkasii jala jiran meeshaalee gabrummaa ittiin ofirraa fonqolchan keessaa tokko barachuun isa guddaa akka ta'etti waan amaneef, afeensaa kana akka dubbate seenaan isaa ni ibsa.

Afsenaa JTB kanarraas kan hubatamu, nama baratetu mirga namoomaafi dimokiraasii, akkasumas mirga uummata isaa kabachiisuudhaaf gaaffii dhiyeessa. Sababiin isaas, namni barate hedduun isaa mirga isaa qaama/orma biraaf dabarsee hinkennu. Namni barate gaaffilee kanneen akka: Maaliif?, Attamitti? Eenyuun?, Yoom?, Eessatti?, Maaliin?... jedhee waan tokko gadifageenyaan xiinxaluudhaafi deebii argacguudhaaf gaaffii dhiyeessa.

Gaheen afsenaa JTB kunis yeroo ammaan kana Oromoonni hedduun faayidaa barnotaa hubachuun barnoota isanii umuriin isaan otoo hindaangessiin baratanii bilchina siyaasaa gonfachuudhaan mirga namoomaafi abbaa biyyuumma isaanii gaafachaa jiraachuun isaanii akka siidaa seexaatti akka ilaalama jiru, kunis dhalootaa gara dhalootaatti darbaa akka jiru hubachuun nidandahama.

### 3.2.2 Gabrummaa Hiddaan Buqqifna; Yoo Ta'uu Baate Ammoo Dhala Itti Guddifna (J. Waqoo Guutuu)

JWG, Guraandhala 3, 1924-2006) gaggeessaa fincila Baaleefi qabsaa'aa mirga Oromoo ture. JWG, Godina Baalee ona Madda Walaabuu, lafa Odaa jedhamtutti dhalate. Qabsaa'ota gameeyyii kanneen qabsoo Oromoofi Oromiyaa Kibba

Bahatti finiinsan keessaa isa JWG isa tokkodha. JWG, gita bittaa sirna nama nyaata nafxanyootaa, keessattuu, dhimma lafaafi lafee Oromoo Baalee wajjin walqabatee *lafti kan qotee bultootaati* jechuun fincila diddaa gabrummaa gaarreen Baalee keessatti guca qabsoo isa qabsiise abbaa afseenaa kanaati.

Ka'umsi kaayyoo JWG yeroo sana dhimma lafaa haata'u malee gabrummaan dhala Oromoo Arsii Baalee bara Minilik irraa kaasee irratti walfuraa dhufe ofirraa fonqolchuudhaaf Oromoota dirree qabsootti biraa wareegaman wajjin qabsoo hidhannoo itti fufuudhaaf bosona kan gale yoommu ta'u, hanga lubbuun isaa darbitutti qabsoo fincila didda gabrummaa finiinsuuf, didee yoo dheerate ammoo dafee abdi otoo hinkutiin qabsoo kana dhaloota itti guddisuuf, kana jechuunis anis yoon du'e qabsoon itti fufa, yoo dandeenya gabrummaan deebiitee akka nutti hindhufne; akka nurratti deebitee hinlabanne ofirraa buqqifna; yoo ta'uu baatee dheeratte ammoo dhaloonni dhufu gabrummaa akkasii lammata akka hinbaanneef waa'ee qabsoo fincila diddaa gabrummaa dhaloota barsiifnee dhaalchifna ergaa jedhu ofkeessaa akka qabu hubachuun nama dandeessisa

Haala qabatama qabsoo Oromoo yeroo ammaa kana keessatti afseenaan JWG kun guutummaa gutuutti hojiirra kan oolaa jiru yommuu ta'u, kunis sirna gabrummaa gita bittootaa kana ofirraa fonqolchuuf qabsaa'aan JWG kuni gara kuteenyaan kan itti seene, dhaloonni har'aa kunis qabsoo amma irra jiru kana irraa duubatti akka hindeebine kan akeekkachiisudha jechuun nidanda'ama.

Afseenaan qabsaa'aa gameessaa Oromoo kunis hanga har'aattis akka afoolaa qofatti labatarraa gara labataatti afaanii kan darbaa jiru qofaa otoo hintaane, manneen barnootaa, manneen nyaataafi dhugaatii, konkoltaattota geejjiba uummataa sadarkaa addaa addaa jiran keessatti akka barreeffamanii dhaloonni bilchina siyaasaa abbaa biyyummaafi mirrga ofii ofiin kabachiisuu irratti barsiisaafi miira xiiqii gabrummaa ofirraa fonqolchuu uumma akka jiru xiinxala armaan olii kanarraa hubachuun nidandahama.

### 3.2.3 Oromoon Tokko Taate Jechuun Oromiyaan Bilisoomte Jechuudha; Oromiyaan Bilisoomte Jechuun Oromoo Tokko Taate Jechuudha. (Elmoo Qilxuu)

Elemoo Qilxuu maqaa qabsoo isaa yommuu tahu, maqaan isaa inni dhalootaa Hasan Ibiraahim jedhama. Elemoo Qilxuu yeroo sanatti WBO akka ture ragaaleen adda addaa ni ibsu. Seenaan isaa gadifageenyaan beekamuu yoo baates, WBO hoogganuudhaan naannoo 1956-1974 jidduutti ona Gubbaa Qorichaa, Tulluu Carcar bakka jedhamutti qabsoo finiinsaa otoo jiru, WBO hedduun jalaa yommuu wareegaman innis iccitii WBO diinaaf dabarsee hinkennu; harka diinaas galee hinhiraarfamu jechuudhaan dho'aa ofitti dhoosee lubbuu isaa akka dabarse ni himama

Dhaamsi afseenaa isaa kunis yeroo har'aa haala mirkana qabuun itti fufee jira. Afseenaan isaas ta'e rasaasni inni dhokaase rasaasota hedduu diinarratti dhokaasuu kan karaa baneefi kallattii hundaan Oromoota walitti hidhuun qabsoon

tokkummmaa xiiqiidhaan akka itti fufu tokkoomsuu keessatti gahee olaanaa taphatee jira; gara fuula duraas akka itti fufu abdiin jira.

Sabni tokkoome ni bilisooma; kofoo isaa diinni salphaatti hinsaaqu; diinni dafee jidduu hinseenu; dafees addaan hinfaca'u; waliif birmata; kuni ammoo qabsoo Oromoo yeroo dhiyoo keessattis ta'e balaawwan namtolcheefi uumamaa Oromoota irratti uumame ture irratis tokkummaan walcinaa dhaabbahuun, walgorsuun, waldhoksuufi walobsuun oromoota hedduu biratti akka dhadannoofi waadaatti ilaalamuun Oromoo diina akka rifachiise afseenaan Elemoo Qilxuu mana abrmsa bu'uuraa  utubaa tokkuummaa Oromoo akka ijaare ifoomsedha jchuun nidanda'ama.

Walumaagalatti asfeenaa Elmuu Qilxuu kun kan nama hubachiisu, Oromoon fincila diddaa gabrummaafi abbaa biyyummaa isaarratti tokkummaan waldhaga'uufi walcinaa dhaabbachuu jalqabuun calaqqee sirna Gadaa (dimokiraasii) fi daangaa ofii kabachiisuurratti yeroo amma mul'achaa jiru kunis bu'aaa afseenaa kanaati jechuun nidanda'ama.

### 3.2.4 Yoo Tokkoomne Nijiraanna: Yoo Bittinoofne Nibanna (Kol. Gammachuu Ayyanaa)

Afseenaa Elemoo Qilxuu kana kan deeggaru Koloneel Gammachuu Ayyaanaa tokkummaan Oromoo dhimma jiraachuufi jiraachuu dhabuu akka ta'e akkas jechuun himee jira**.**

Ogeessii waraanaa bilisummaa Oromoo kuni muuxannoofi mudannoo dirree qabsoofi haala qabatama Oromoo yeroo ammaa, akkasumas mudannoo mana hidhaa keessatti isa mudate irraa ka'uudhaan bilisummaa Oromoofi walabummaa Oromiyaaf tokkummaan Oromoo dirqama barbaachisaa akka ta'e ergaa tokkummaa cimaa Oromootaaf armaan olitti dabarsee jira.

Afseenaa Koloneel Gammachuu Ayyaanaa kunsi kan cimsu makmaaksi Oromoo Oromoota wajjin dhalatee Oromoota wajjin ammas jiru "*qanyiitiin waltaate arba hiiti; goondaan walqabattee laga ceeti*  kan jedhus kanuma ibsa. Ergaan afoolaa armaan olii kunniinis tokkummaan hammam humna guddaa akka qabuufi barbaachisaa akka tahedha.

Karaa biraa, Oromoon namni sabboonummaa birmadummaa Oromoofi Oromiyaaf quuqamu amantiidhaan, lagaan,…walqoodanii diinaaf karaa saaquurra garaagartummaa muraasaa jidduu  saba  ofi jiru irra darbuudhaan dhimma Oromoofi Oromummaaf dursa kennuudhaaf tokkummaafi ofta'uun filannoo kan hinqabne ta'uu; garuu tokko ta'uu baannaan deebinee gabrummaa hammaattaa kanaan duraa jalatti kufuudhaan baduu akka dandeenyu beekuun duraan dursa Oromoon hundi ofeeggannoon waldhagahuu, waltahuufi maadheedhaan harak wayyaa jalaan bilisummaa Oromoofi birmadummaa Oromiyaaf walijaaruun barbaachisaa akka taheefi yeroon kan itti hinkennamene akka tahe kan akeekkachiiise tahuu hubachuun nama hinrakkisu.

### 3.2.5 Oromoon Yoo Tole Hammachuu; Yoo Bade Ammoo Hammaachuus Beeka

**(Qeerroo Oromoo, OMN)**

Afseenaan kuni haala qabatama yeroo ammaa sochii qabsoo Oromoo keessatti mul'achaa jiru irraa ka'uudhaan kan himamedha. Oromoon sona Gadaa jalatti waan guddateef, badii isarratti raawwatamuu hinbarbaanne nama biraa irratti hinraawwatu. Ergaan afseenaa kuni garuu Oromoo garaa kan jabeessaa jiru fakkaata. Oromoon Safuu Waaqaaf bitamaa waan guddateef, nama isa miidhaa jiru illee *Waaqayyo siif haadhiisu*; *Waaqayyo gara karaa gariitti sihaadeebisu* jedha malee hamaa namatti hinyaadu. Inumaayyuu; Oromoon horii yommuu qalu *yaa Waaqayyoo naaf dhiisi* jedhamee morma kuta malee callsisee hingorra'u.

Oromoon hammataa tahuun isaa sirna, Gadaa, Guddiffcahaafi Oromoomsuu keessatti qorannoowwan hedduudhaan akka mirkanaa'e jiru rgaalen addaa addaa (Filee, 2016 fi , Dirribii, 2011) ni ibsu. Kun ammoo gara laafessaafi Safuu Waaqaaf bitamuu isaa mirkanneessa.

Haata'u malee, gara laafinni, hammachuufi Safuu Waaqaaf bitamuun Oromoo yeroo har'aa kana ammoo Oromoo akka dabeessaatti ilaalchisaa jira. Kuni ammoo mirgi isaafi qabeenyi isaa, abbaan biyyummaa Oromoo sarbamaa, abbaan otoo ilaaluu dhalli jalatti du'aa, haati otoo dhaabbattuu hintalli jalatti gudeedamaa,..jirti.

Kana waan ta'eef, afseenaan kuni Oromoon kana booda diina isa callisee ofirrattii, finna isaa irratti ilaaluun saplhinadha; kanaaf, diina isaarratti tarkaanfii madaalu fudhachuuf ofqopheessuu akka qabudha. Kara biraa, nama mirga isaa sarbu callisee ilaaluun gonkuma dogoggora akka thae; kan isa kabaju kabajuu; kan mirga isaa sarbu irratti ammoo tarkaanfii hammeenya qabu fudhachuun barumsa kennuuf dandeettiifi onnee akka qabu akeekkachiisuuf seeneffame jechuun nidanda'ama. Qaama mirga isaafi daangaa isa sarbu kana ammoo kanaan dura waraana Buttaa irratti mirkaneessee akka jiru kanas diinni akka hubatuuf kan himamedha (Getachew, 1997).

### 3.2.6. Sabni Dammaqe, Ijaarameefi Hidhate Nihinjifata ( Hayilee Fidaa)

Hayilee Fidaa Godina Wallaggaa Bahaa Ona Arjoo Awuraajjaa, magaalaa Arjootti 1939-1979 keessa waldaa siyaasaa MEISON jedhamu dargii bakka bu'ee gaggeessuun beekamaa warraaqsa Sooshaalistii akka ture kitaabni seenaa isaa ni ibsa.

Qabsoo bilisummaa Oromoo kanneen finiinsanii asiin gahan keessaa Hayiee Fidaa adda dure akka ta'e Amare Tagbaru (2010) barreessee jira. Mirkana kanaaf himamsa yaada Haayilee Fidaa akkuma jirutti waraabbii Amaareen golga kitaaba

isaa jalqbaa isaa irratti barreesse akkas jedha. *Itti aanaa dursaa Darguu, Shaalaqaa Mangistuu H/Maaram jaalala biyyaaf nama aarsaa guddaa kaffale akka ta'e nan amana. Haat'u malee, jaalalli isaa kuni dimokiraasiidhaan dabaalamuu yoo bate oolee bulee gara faashistummaatti jijjiiramuun isaa hinoolu.*

Afseenaa Hayilee Fidaa armaan olii kun yaadrimee sadii gurguddoo ofkeessaa qaba.

Sabni tokko bilisoomuudhaaf duraan dursa dammaquu qaba. Kana jechuun, sabni ofi hinbeekne waa'ee bilisummaa beeka jechuun rakkisaadha. Duraan dursa ofta'uu; aadaa isaa, eenyummaa isaa, abbaa biyyummaa isaa, nama ta'uu isaa addaan baasee beekuu qaba. Karaa biraa, dammaquu jechuun nama isaaf yaaduufi isatti yaadu, namaa isaaf nyaatuuuf isarraa nyaatu; nama Oromoo ta'eef Afaan Oromoo dubbatu garuu afaan beekuudhaan nama Oromoof yaadu ta'uufi dhiisuu isaa addaan baasanii beekuun dammaqina guddaadha jechuun nidanahama.

Yaadrimeen inni biraan **saba ijaarame** jechuun hariiroofi hidhata Sammuufi meeshaa waraanaa waliin qabaachuu, qajeelfamoota jidduu galeessa irraa darbu walhubachiisuu, ergaa jiru waliif dabarsuu, yeroo yerootti haala qabsoo irratti marii barbaachisu taasisuu, yeroo rakkina waldhoksuu, walgorsuufi walobsuudhaaf walijaaruun daandii bilisummaaa saffisiisuu akka danda'u nama hubachiisa.

Karaa biraa, qabsoo bilisummaa kanneen finiisuu danda'an keessaa inni biraan akka Haayileen jedhetti, sabni tokko hidhachuu qaba. Akka himamsa isaatti hidhachuu jechuun meeshaa waraanaa hidhachuu qofaa otoo hintaane: miira tokkummaafi sabboonummaa qabaachuu, bilchina sammuufi jabin qaamaa qabaachuu, ofitti amanuun daraan murteessaadha. Sabni yaadrimeewwan afseenaa Haayilee Fidaa armaan olitti tarreeffaman kanneen qabu injifachuu akka danda'u xiinxala asfnaa gameessaa qabsoo Oromoo kanrraa beekuun ni danda'ama.

### 3.2.7 Oromoon Abbaa Biyyaa Ta'uudhaaf Ijaaramuu Qaba (Baaroo Tumsaa)

**Baaroo Tumsaa (1942-1977)** qabsaa'aa mirga namoomaa yommuu tahu,kan inni dhalate Wallaggaa Lixaa ona Gimbii araddaa Karkarroo jedhamutti ture.Baaroon qabsoo Oromoo gara baha Oromiyaatti finiinaa ture keessatti hooggansaa Adda Bilisummaa Oromoo irra otoo jiru dirree qabsootti bara 1977 wareegame.

Baaroon Maammoo Mazammirfaa waliin ta'uun goota humna dargaggootaa ijaaruunsirna nafxanyaa Oromoota qofaa irraa otoo hintaane kanneeen hacuuccaa Abbaa lafaa jala jiran cinaas dhaabachuun ofirraa fonqolchuuf waldaa Maccaafi Tuulamaa hundeessuu keessattis gahee olaanaa qaba. Bu'uura qabsoo Oromoofi Waldaa Maccaaafi Tuulamaa kan tahe Baaroo Tumsaa yaada (barruu) armana gadii kana Oromootaaf tumsee akka darbe seenaan jireenya isaafi senaan qabsoo

bilisumma Oromoo ni ifomsa

*We Oromos must capture state power by any means necessary. . . . In order to do this we must clandestinely organize all sectors of our society. We can only change the deplorable condition of our people by being tolerant to one another and re-establishing Oromo unity.*

Kolonel Maammoo Mazamir (1929-1969) waliin ta'uun goota humna dargaggootaa ijaaruun sirna nafxanyaa Oromoota qofaa irraa otoo hintaane kanneeen hacuuccaa Abbaa lafaa jala jiran cinaas dhaabachuun ofirraa fonqolchuuf waldaa Maccaafi Tuulamaa hundeessuu keessattis gahee olaanaa qaba. Sababa kanaanis murteen du'aa itti murteeffamee akka kan ajjeeffame tahuu adda bahee jira.

## 3.3. Argannoowwan

Bu'aan qorannoo kanaa akka ibsutti, afseenonni siyaas-dinagdee Oromoo irratti xiyyeeffatan hayyootaafi qabsaa'ota Oromoon himamaa turan yeroo ammaa sabboonummaa Oromummaa, tokkummaa, akkasumas, miira abbaa biyyummaa Oromoo sammuu dhaloota haaraa keessatti kan uumaniifi Oromoonni kallattii kamiinuu walcinaa akka dhaabbatan taasisuu irra darbee, gabrummaa ofirraa fonqolchuuf qabsoo finiinsaa jiru kana keessatti afseenaan Oromoo barsiisuu, jajjabeessuu, gorsuufi tokkummaa ijaaruu keessatti akka meeshaa waraanaa sagalee maleeyyiittii gahee olaanaa taphachaa akka jiru xiinxalli ragaalee armaan olii ifoomsanii jiru.

Karaa biraa, kallattii siyaasaan: Oromoon ofitti amantummaa akka horatu, wallaalaa ofii akka barsiifatu,gorfatu, gabrummaa irratti tokkummaan akka fincilu, gita bittaa nafxanyootaa ofirraa folqolchuudhaan bilisummaa dhala namaa akka lallabuufi leellisu, ofiin akka ofbulchu,dinagdeedhaan akka cimuufi walcinaa akka dhaabbatu, akkasumas, qabeenyi uumamaa Oromiyaadursa Oromoof akka oolu afseenonni hayyootaafi qabsaa'ota Oromoon darbaa turan finiina qabsoo siyaas-dinagdee Oromoo har'aaf ciicataafi meeshaa guddaa akka ta'an bu'aa ragaalee xiinxalaman irraa hubachuun danda'amee jira.

## 3.4. Cuunfaa, Goolabaafi Yaboo

Afaan, akka waliigalaatti iruufi jirenya uummata kallattii gaddaafi gammachuu ibsuu keessatti shoora olaanaa akka qabu kunis dhalootaa irra gara dhaloota biraatti afaaniin darbaa kan ture ammas kan itti jiru; kan keessattis afseenaa Oromoo adda dureedhaan kan eeramu akka tahe xiinxala ragaalee armaan olii kanneen irraa hubachuun dandahme jira.

Afoolli yerootti uummanni yookaan gareen tokko kallattiidhaan mootummaafi qaama mirga namoota hacuucu itti ibsachuu hindandeenyeen haala ifaafi ifa hintaaneen haala iccitiifi dhoksaa, akkasumas dubbii qolaafi ciigoon miira isaa ibaschuudhaaf gahee olaanaa akka qabu qorannoo kanarraa hubachuun danda'amee jira. Kunis qaama afoolaa kan tahe afseenaa dhaloota barsiisuu,

jajjbeesuu, dursanii raguufi raajuu, akeekkachisuu, kakaasuu, keessatti shoora olaanaa akka qabu ifoomee jira.

Argannoo kanarraa ka'uudhaan dhaloonnni haaranis itti fayyadama afoolaafi faayidaalee afoolli miira uummata isaa ibsuurratti qabu gadifagenyaan beekee aadaa, eenyummaa, abbaa biyyuummaa, mirga namoomaa, bilisummaafi birmadummaa biyya isaaf xiyyaeeffannoo kennuun qabiyyeefi ergaa afseenaa isaa kunuunfatee dhimma itti bahu irrratti gadifagenyyaan hojjetamuu qaba.

## Wabiilee

Amare Tagbaru Beyyene (2010). *Hayilee Fidaafi Yaadannoo Dhuunfaa Koo*: (Mana Maxxansaafi Bakka Maxxansaa Hinqabu)

Anderzejewski, B.W. (1985).Literature in Cushitic Language Other than Somali. In Literature in Africa Languages.Cambridge: Cambridge University press.

Asafa Jalata (2010). *Oromo people hood: Historical and cultural overview.*University of Tennessee–Knoxville

Asmerom Legese (2006). *Oromo democracy: An indigenous African political system*. Asmera: Red Sea Printing Press.

Dirribi Damusie (2011). *Oromo wisdom in black civilization.* Finfinnee: Finfinne Printing and Publishing S.C.

Ehret, C. (2002). *The Civilization of Africa history to 1800*. Virginia: Virginia University Press.

Eshete Gemeda (2009). African egalitarian values and indigenous genres: The functional and contextual studies of Oromo oral literature in a contemporary perspective (Unpublished PhD Dissertation). Institut for Litteratur, Kultur og Medier: Syddansk Universitet.

Ezzy, D. (2002).*Qualitative Analysis: practice and innovation.* Routledge; London.

Faantaahun Alamuu (2013). "Qeeqa Asoosama Dhangala'aa "*Hawwii*"fi "*Yeroon Siif haadhiistuu*"

Fedhasaa Taaddasaa. (2013*). Subii Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*: Finfinnee Oromiyaa Subi Printing Press.

Feyisa Dame (1998). "The origin of the Oromo: A reconstruction of the theory of the Cushitic roots". In Aseffa Jaleta (ED.), *The Journal of Oromo Studies* (Vol.5 No.1&2, Pp-155-172).USA: University of Tennessee

Fille Jalleta Debella (2015). "Documentation of Folk Law of the Maccaa Oromo and Description of Grammatical Sketch". AAU (Unpublished PhD Thesis)

Fille Jalleta Debella (2016). *Beekumtaa Oromoo: Kutaa Tokko* (Oromo Folklore I). Finfinnee

Finnegan, R. (1970*). Oral Literature in Africa* .Oxford: Oxford University Press.

Gemechu Megersa (2005). "The Oromo worldview" In Guluma Gemeda (ED.). *The Journal of Oromo studies* (Vol.12. No.1&2, Pp. 68-79). USA: University of Michigan-Flint.

Getachew Haile (1997). *[Yeabba Bahirey Dirsetoch].*Avon: Minnesota.

Joseph, John E. (2004). Language and Politics: In Davies, Alan and Elder, Catherine (Eds.). *The Handbook of Applied Linguistics* (Pp.347-366); Blackwell Publishing: USA.

Kafle, N. P. (2011) "Hermeneutic phenomenological research method simplified: Bodhi: *An Interdisciplinary Journal vol.5, Issue 1.*

Misgaanuu Gulumaa (2011). *Dilbii Bu'uura Afoola, Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo*: Finfinnee Oromiyaa. Finfinnee.

Okpewho, (1992). *African Oral Literature.* Back grounds, character, and continuity.

Yosef Tadese Ayele (2016). "The Dicursive consytruction of Identity: the case of Oromo in Ethopia": Norwigina University of Life Science

Vansin, J. (1985).*Oral taraditional as history* . James Currey Publishing

.